# AKKAADAAMII AFAAN OROMOO DR. HAYILEE FIDAA

**Qopheessaan: Fedhasaa Taaddasaa (Asst.Prof)**

**(Yuunvarsiitii Finfinneetti, Barataa 'PhD'Afaaniifi Fokloorii Oromoo)**

**Koree Qindeessituu:**

1. **Dr. Alamuu Waaggaarii**
2. **Dr. Aliimaa Jibril**
3. **Dr. Filee Jaallataa**
4. **Dr. Guddataa Abdiisaa**
5. **Obbo Dheeresaa Faqqadaa**

**Kan galuuf: Yuunvarsiitii Wallaggaa**

**Fulbaana, 2019**

**Finfinnee, Oromiyaa**

**Baafata**

**Qabiyyee** **Fuula**

1. Seensa ........................................................................................................ 1

2. Ka’umsa ....................................................................................................... 1

3. Pirojeektii Akkaadaamii Afaan Oromoo Bu’uressuu ..................................................... 3

3.1. Kaayyolee Akkaadaamii Afaan Oromoo ........................................................ 4

3.2. Barbaachisummaa Akkaadaamii Afaan Oromoo ............................................. 4

3.3. Kallattiifi Raawwii Akkaadaamichaa ............................................................. 5

3.4 Caasaa Bulchiinsa Akkaadaamii Afaan Oromoo ............................................. 7

3.5 Caasaa Bulchiinsa Akkaadaamii Afaan Oromoo Dr. Hayilee Fidaa ................. 8

4. Wantoota Barbaachisan ................................................................................... 9

Wabiilee ........................................................................................................... 10

## 1. Seensa

Afaan hinqoratamu taanaan sadarkaa barbaadamuun hinguddatu! Kanaafuu, afaan guddisuuf qorachuutu barbaachisaadha. Akkuma qoratamuunis caasaas ta'e dhimmoota adda addaarrattis jijjiiramni mul'achuu dandaa'a. Jijjiirama qorannon mullatu sanatti fayyadamuuf waliigalettee uumuun gahee hawaasa afaanicha dubbatuuti. Sababnisaa, qorataan waan tahuu qabu dhiyeessa malee murtee hindabarsu. Biyyoota adda addaatti dhimma afaaniii kana hawaasa mariisisuun seera haaraa hojiirra akka oolu kan taasisu Akkaadaamii Afaaniitu jira. Fakkeenyaaf, Afaan Ibrootaa (Israa'el) yoo fudhanne Afaan addunyaarraa badeera jedhamee deebi'ee jiraatedha. Sanaaf gumaachi *Akkaadaamii Afaan Ibruu* olaanaadha.

Afaan Maali? Qorannoon afaaniis maalitti xiyyeeffata? Afaan jechuun dhimma sagalee, jecha, himaafi seerlugaati. Sagaleen dhamsaga, birsaga, firsaga, laassaga… fa'a hammata. Jechi looga, hortee, moggaasa, … ilaallata. Himni caasaafi qindaa'ina ijaarsa jechootaa kan ergaa tokkoof dhaabbatan ilaallata. Seerlugni qindaa'ina kanneeniiti. (Sagaleen sirnaan ida'amee birsaga uuma; sanarraas jechi uumama, caasaa sanaan hima ijaaranii keeyyatatti darbu…). Kanaafuu, qorannoon afaanii qaamota kanneenitti xiyyeeffachuu qaba. Afaan Oromoo keessatti kanneentu seeraan hinqoratamne. Kana qoratanii karaa sirriirra buusuuf giddugala qorannoo Afaanii qabaachuu barbaachisa. Sunis, *Akkaadaamii Afaan Oromoo*ti.

## 2. Ka'umsa

Afaan Oromoo Afaan barreeffamaa, afaan barnootaafi barnoota afaanii, afaan qo'annoofi qorannoon ittiin geggeeffamu erga ta'ee waggoonni 20 darbaniiru. Amma kanas gara afaan saayinsiifi teeknoloojiitti ce'aa jira. Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti Afaan hojii ta'ee tajaajila. Dhaabbata barnootaa keessatti kutaa 1-8 Afaan barnootaati. Saayinsiin hawaasaafi uumamaa afaan kanaan kan barsiifamu yommuu ta'u, akka barnoota afaaniittis kutaa hunda keessatti nibaratama. Kutaa 9-12 akka gosa barnootatti kennama. Kanamalees kolleejjii Leenjii barsiisotaa keessattis Afaan barnootaafi barnoota Afaanii ta'ee tajaajilaa jira.

Ogeessonni afaan kanaa sadarkaa digirii jalqabaafi lammataan (MA) eebbifaman hojii sektera adda addaa keessatti ramadamanii hojjechaa jiraachuunis beekamaadha. Yuunvarsiitota Oromiyaa keessa jiran keessattimmoo digirii jalqabaatii hanga digirii 3ffaatti barsiifamaa jira. Yuunvarsiitii Wallaggaa keessattis bara 2008 (ALI.) kaasee sadarkaa digirii sadaffaa (PhD) baratamuu jalqabe. Yuunvarsiitii Finfinnee keessattis kunoo bara  bara kana (2011 ALI.)

Afaaniifi Fookloorii Oromootiin PhD barsiisuun jalqabame. Deemsi jalqabame kun Afaan Oromootiif daandii guddinaati. Ta'us, waggoota darban kana dhiibbaan adda addaa godhamee Afaanichi akka hinguddifamne taasifamaa tureera. Har'ammoo, tattaaffii hayyotaan aggaammiin diinni Afaanicha balleessuuf godhe fashalee boqonnaan haarawaan banamaa jira.

Afaan Oromoo sadarkaa biyaarrattillee afaan hojii akka ta'u qabsoon ittuma jirama. Sana karaa saayinsawaa ta'een raawwachuuf qorannoo hojjechuunis barbaachisaadha. Hojiin dagaagina Afaan Oromoof taasifamaa jiru akka dhugoomuuf garuu giddugaleessi tokko jiraachuu qaba. Akkuma Mootummoonni naannoon biroo Akkaadaamii Afaan ofii dhaabbatanii guddifachaa jiran afaan kanaafis giddugalli tokko dhaabbachuu qaba. Prof. Makuria Bulcha (1992) xumura waraqaa qorannoo isaanii egeree Afaan Oromoo raagu tokkorratti Akkaadaamii Afaanii Dhaabuun barbaachisaa ta’uu yaboo dhaamanii jiru. Kanaafuu, giddugala kana dhaabuun abjuu hayyootaati jechuudha. Dhimmi ijoon waraqaa kanaas Akkaadaamii Afaan Oromoo bu’uressuuf gaafachuudha. Kunis rakkoo har’a Afaan Oromootiin barachuufi barsiisuu, akkasumas ittiin hojjechuus ta’e ittiin qorachuu keessatti mullatu nifura jedhamee amanama. Kanumaaf wixinee kana qopheessuun barbaachise.

Afaan Oromoo saffisa dura tureen guddataa akka hinjirre wantoonni agarsiisan nijiru. Jalqabummarratti, Afaan kun teknoloojii keessaseenuu dadhabee jira. Tibba darbe afaan Google filate keessaa tokko ture. Ta’u jechoota miliyoona tokko kan Ingliffatti hiikame akkaergamuuf barbaadanii, qaamni dhimmicha raawwachiisu dhibe. Qabxiin lammaffaan, Pirojeektonni Afaan Oromoo dagaagsuuf hojjetan  gufatanii jiru. Fakkeenyaaf, Projeektii Afaan Oromoo Jaatanii Guddicha fudhachuun nidandaa’ama. AfaanOromoo gara google seensisuuf hojiin jalqabame dhaabbata hogganu dhabuun kufe. Yaadni sadaffaan, USAn pirojeektii Afaan oromoo qabattee karaa imbaasii biyya sanaan hojjechaa turte dhaabdee jirti.

Walumaagalatti, Afaan Oromooyeroo ammaa rakkoo keessa bu’ee jira. Kanaaf mootummaan dirmachuufii qaba. Abbootiin qabeenyaa tumsa barbaachisu gochuu feesisa. Afaan kun wiirtuu tokkorraa hogganamuu qaba. Sunis Akkaadaamii Afaaniiti. Asii gaditti pirojeektiin kun maal akka ta’eefi akkamitti bu’uressuu akka dandeenyu ibsuuf yaaleera.

### 3. Pirojeektii Akkaadaamii Afaan Oromoo Bu'uressuu

Akkaadaamiin Afaanii wiirtuu afaan tokko keessatti qoratamudha. Addunyaa kanarratti biyyoonni afaan ofii guddisan warra Akkaadaamii Afaanii qabanidha. Fakkeenyaaf, Isiraa'el akkuma kolonii jalaa baateen 1953 *Akkaadaamii Afaan Hibruu* dhaabbatte. Har'a galmee hiika jechootaa Oxfordiin dorgomu qopheeffattee jirti. Afaan Hibiruu afaan sadarkaa baduurra ga'ee ture ta'uunis yaadannoo seenaati. Zuckermann, Ghil'ad and Walsh, Michael (2011) yaada kana akkasiin barreessan:

> *Hibru Language Academy… Brought into being by legislation in 1953 as the supreme institute for 'Hebrew', the Academy of the Hebrew Language (known in Israeli as haakademya lalashón haivrít) is funded by Israel's Ministry of Education. It superseded the (Hebrew) Language Council (váad halashón (haivrít)), which was established in 1889 – as a branch of Safá Brurá (Clear Language) – by Ben-Yehuda and colleagues. As defined in its constitution, the Academy's functions are: (1) To investigate and compile the Hebrew lexicon according to its historical strata and layers; (2) To study the structure, history, and offshoots of the Hebrew language; and (3) To direct the development of Hebrew in light of its nature, requirements, and potential, its daily and academic needs, by setting its lexicon, grammar, characters, orthography and transliteration [in fact, transcription]. The first goal is most useful, as Israeli is indeed a multi-layered language.*

Akka qorattoonni kun barreessanitti Akkaadaamiin Hibiruu bara 1953 seeraan raggaasifame. Faayidaan akkaadaamii kanaas: 1. Jechoota Hibiruu barbaaduun guuree galmee jechootaa aadaa hawaasichaa bu'ureffate qopheessuu, 2. seenaafi caasaa Afaan Hibiruu qo'achuu, 3. Afaan Hibiruu kallattii amalasaan, barbaachisummaasaan, ga'umsasaan, tajaajila barnootaaf akka oolu, yoomessa sana keessatti galmee jechootaa, seerluga, fayyadama qubeewwaniifi caasaa barreeffamaa sirreessuun akka dagaagu gochuudha. Dhimma Afaan Hibiruu hundaa kan murteessu Akkaadaamii kanadha. Zuckermann (2008) kana yeroo barreessu, "… the Academy of the Hebrew Language prescribes standards for Israeli grammar, lexis, orthography, transcription and vocalization (vowel marking) "based upon the study of Hebrew's historical development" jedha. Askeessa yaadota ijoo lamatu jiru:

Prescribes = murteessuun ajajuu

Describes = yaada dhiyeessuu

Akka barruu kanaatti Akkaadaamiin Hibiruu seerluga afaanichaa niwaaltessa, galmee jechootaa niqopheessa, haala qubeessuu afaanichaa nisirreessa, kun hundi akka aadaafi seenaa sabichaatti ta'uun murtoon irratti darbuun *ajaajaan* (Prescribes) raawwatama. Sanaaf bulchiinsi mootummaas ta'e, miidiyaaleen itti gaafatamummaa guddaa qabu. Sirreeffamni murtoon labsame miidiyaaleen hojiirra oola. Mootummaanis seera kabachiisuun dhimmicha dhugoomsa.

Rakkoon Afaan Oromoo keessatti mul'atu waaltinas ta'e caasaa barreeffamaa sirreessuu, jechoota moggaafaman hojiirra oolchuurratti wiirtuun qorannoon mirkaneessee, jijjiirama barbaadame ajajaan hojiirra oolchu dhibuudha. Fakkeenyaaf, Giddugalli Aadaa Oromoo koree waaltinaa Afaan Oromoo hundeessee hojiilee gurguddaa hojjeteera. Dhimma waaltina, caasaa fufiilee sirreessuu, galmee jechootaa hojjechuu…) giddugalli kun yaalii taasisus ajajuuf aangoo waan hinqabneef, hojii addeessuu (discribes) raawwachuun yaada dhiyeessaa ture. Sanammoo, abbaan fedhe fayyadamuus dhiisuus danda'a. Akka kanaan hojiileen hojjetaman hawaasa bal'aa biratti hingeenye. Kanaafuu, rakkoolee Afaan Oromoo keessatti mul'atan furuuf AKKAADAAMII AFAANICHAAf dhaabuun yaada filannoo hinqabnedha.

### 3.1. Kaayyolee Akkaadaamii Afaan Oromoo

1. Afaan Oromoo (sagalee, jecha, hima, seerluga afaanichaa) qorachuun rakkoolee mul'atan furuu.

2. Afaan Oromoo afaan saayinsiifi teknooloojii taasisuu (moosajii Afaan Oromoo kalaquu)

3. Galmee jechoota Afaan Oromoo qopheessuu (Jechoota looga hundaa qorachuun hammachiisuu)

4. Dhimmi Afaan Oromoon walqabatu giddugala tokkorraa akka qajeelfamu gochuu.

5. Afaan Oromoo irraa aggaammii alagaa maksuufi kkf.

### 3.2. Barbaachisummaa Akkaadaamii Afaan Oromoo

Akkaadaamii kana hundeessuun guddina Afaan Oromoo dhugoomsuu keessatti gahee qaba. Akkakanaan faayidaan inni gumaachu:

- ✓ Caasaa barreeffama Afaan Oromoo dhaaba qabsiisa.

- ✓ Rakkoo Afaan Oromoo waaltessuu keessatti mullatu hojii qorannoo hayyotaan walitti fiduun qoratee dhiyeessa.
- ✓ Qorannoo Afaan Oromoo faffaca'ee jiru kallattii tokkorraan akka hogganamu Akkaadaamii giddugaleessaaf fulcha nikenna.
- ✓ Aggaammii qorannoo adda addaa dahatee Afaan Oromoo quucarsuuf deemu nisaaxila kkf.

**3.3. Kallattiifi Raawwii Akkaadaamichaa**

Akkaadaamiin afaanii NGO miti; bulchiinsa caasaa mootummaa jalatti caaseffamuu kan qabudha. Mootummaan waan barbaachisu guutee hayyoonnis dhimma Afaan Oromoo akka qorataniif haalli mijataaf. Kun muuxannoo addunyaati. Fakkeenyaaf, Akkaadaamiin Afaan Hibiruu bara 1953 Ministeera Barnoota Israa'eliin akka hundeeffame duraan ibseen asce'e. Akkaadaamiin Afaan Hibiruu caasaa mootummaa jalatti hojjeta; hojjetoota ogummaa afaanii qaban dhaabbatoo 23fi gorsitoota 15 qabas (Zuckermann, 2008).

Nuuf eenyutu hundeessaree? Ministeerri Barnootaa biyya Itoophiyaa Afaan Oromoo guddisuuf karoora waan qabu natti hinfakkaatu. Muuxannoo bara darbee yeroo ilaallu inumaayyuu 'fund' itti barbaadee afaanicha balleessuuf waan hojjetu fakkaata. Fkn. LAGIM kan qopheesse isa. Kanaaf, kallattumaan Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaa dhimma kana abbummaan fudhachuu qaba. Ta'us, yuunvarsiitileen Oromiyaa keessa jiran wiirtuu qorannoo Afaan Oromoo dhaabanii qorannoo geggeessuun Akkaadaamii Afaan Oromoo Giddugaleessa jiruuf ciicata kennuu nidanda'u.

Akka kanaan Akkaadaamiin Dr. Hayilee Fidaa Yuunvarsiitii Wallaggaa jalatti dhaabatee qorannoo akka geggeessu Waxabajjii 15, 2011 kora qophaa'erratti ibsamee ture. Kora kanarratti hayyootni akkaadaamii Afaan Oromoo hundeessuuf ibsa ejjennoo kora baasanii jiru. Ibsa ejjennoo sunis kan asii gadiiti.

Afaan Oromoo mallattoo eenyummaa ummataa Oromoo ta'uun beekamaadha. Afaan kun afaanota gurguddoo Afrikaa keessaa tokko yommuu ta'u, ummataa miliyoona 50 oliin dubbatama. Oromiyaan alattis kan dubbatamuufi afaan daangaa irratti ittiin daldalan 'lingua franca' ta'ee tajaajilaa jira. Ta'us, waggoota dheeraaf Afaan dubbii qofatti daangeffamee ture. Kufaatii Dargii booda garuu Oromiyaa keessatti afaan hojii, kutaa 1-8 afaan barnootaafi

barnoota afaanii, kutaa 9-12tti akka gosa barnootaa tokkootti kennamuu jalqabe. Kolleejjiifi Yuunvarsiitii keessattis sadarkaa dipppiloomaatii hanga digirii 3ffaa (PhD) baratamaa jira.

Haata'u malee, Afaan kun akka eegametti kallattii hundaan guddataa hinjiru. Keessattu rakkooleen gurguddoon guddinasaatti hudhaa ta'an afur adda ba'anii jiru. Isaanis, rakkoo gama qorannootiin jiru, rakkoo gama baruufi barsiisuutiin mullatu, rakkoo sabaa-himaalee afaanichaan walqabatuufi qulqullina dhabuu barruu kalaqaati. Rakkoolee kana furuun Afaan Oromoo daandii guddinaatti deebisuufis afaanichi giddugala tokkorraa akka hogganamu gochuun karaa filannoo hinqabnedha.

Yuunvarsiitiin Wallaggaa kanuma bu'ureffatee Waxabajjii 15, 2011 kora hayyootaa qopheesse. Fayyadama Afaan Oromoofi seenaa inni keessa darbee dhuferratti yaadni ijoo dhiyaate. Rakkoofi hudhaa barnoota idilee keessatti Afaan Oromoo mudachaa tureefi aggaammii shiraa afaan kun miliqee yoon a ga'es ibsame. Wixinee Akkaadaamii Afaan Oromoo hundeessuuf qophaa'es dhiyaate. Yaadni wixinee kanaa qabxiilee ka'umsaa sadan asii gadii hammata:

- ✓ Afaan Oromoo giddugala tokkorraa hogganamuu dhabuu (Abbaan itti gaafatamummaa fudhatu dhibuu),
- ✓ Dhiibbaan Afaan Oromoorra ga'aa jiru dabalaa jiraachuu,
- ✓ Afaanichi gama hundaan guddachuu dadhabuudha.

Afaan Oromoo abbaa itti gaafatamu dhabee abbumti arge akkargee akka barreessu, gara barbaadetti haqaaqu taasise. Gama barnootaanis rakkoon muldhatu kanumaan walqabata. Ogeessa afaanichaan sirni baruu barsiisuu akka hinraawwatamne gochuufi sirna barnoota afaanichaa laamshessuuf bifa qorannoo golgateen deemamaa ture; har'as deemamaa jira. Namni akkuma barbaade afaanicha balleessuuf hojjetee qaamni isa gaafatu hinjiru jechuudha. Sababa kanaaf dhiibbaan keessaafi alaa afaanicharratti danate. Sunimmoo, deemee deemee guddina afaanichaatti hudhaa ta'e. Kanuma bu'ureffachuun waltajjii Marii hayyootaa Yuunvarsiitii Wallaggaatti qophaa'ee ture. Sanaaf sababa kan ta'es qabxiilee ijoo olitti ibsame akka ta'e yaadolee dhiyaatanirraa hubachuun dandaa'amee jira. Marii kanarrattis barbaachisummaa Akkaadaamii Afaan Oromoo muuxannoo biyyoota garagaraatiin hedamuun ibsi ballaan itti kennamee, hayyoonni yaada deggarsaa kaasuun irratti mariyatanii jiru. Marii kana keessattis, Akkaadaamii Afaan Oromoo akka hundaa'uuf mormii tokko malee waliigalame.

Hudhaalee guddina Afaan Oromootti danqaa ta'an kanneen maksuuf Akkaadaamii afaanichaaf hundeessuun barbaachisaa ta'uun itti amanamee, marii hayyootaa kaka'umsa Yuunvarsiitii Wallaggaatiin qophaa'ee mooraa yuunvarsiitichaa kan magaalaa Naqamteetti argamu keessatti geggeeffamerratti hayyoonni Oromoo ibsa ejjennoo qabxiilee gurguddoo lama of keessaa qabu baasanii jiru. Qabxiileen kunis kanneen asiigadiiti.

1. Guddina Afaan Oromoo dhugoomsuuf, qulqullina fayyadama afaanichaa mirkaneessuuf, qorannoo saayinsawaan deggaruun barbaachisaadha. Qorannoolee bakka addaddaatti hojjetamanis gara giddugaleessa tokkootti fiduun tajaajila hawaasaaf oolchuun dirqama. Sana dhugoomsiifis Akkaadaamiin Afaan Oromoo giddugaleessatti akka dhaabatuuf Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif yaadni akka dhiyaatu!

2. Yuunvarsiitiileen Oromiyaa keessa jiran wiirtuu qorannoo qabaatanii, itti waamani isaanii Akkaadaamii giddugaleessatti dhaabatu kana ta'ee, bu'aan qorannoo wiirtuulee kanneenii seeraan hojiirra akka ooluuf ciicata akka kennan haataasifamu!

Kora kanaboodas Yuunvarsiitiin Wallaggaa Akkaadaamiin Afaan Oromoo Dr. Hayilee Fidaa hundeesse. Akkaadaamiin asitti hundaa'e kun Daayirekteera olaanaan bula. Isa jalatti wiirtuleen adda addaa saaqamee kaayyoon Akkaadaamii kanaa nidhugooma jedhamee eegama. Wiirtuleen kunniin: *Wiirtuu qorannoo Caasaa Afaan Oromoo, wiirtuu ragkuusaa (dokumentation), Wiirtuu Galmee Jechootaa, Wiirtuu Waaltina Afaan Oromoof Jechoota kuusu, maxxansaa (publication): Jornaalii Qorannoo Oromoo,* Ogbarruu, Leenjii yeroo gabaabaafi Qorannoo Barnoota Afaan Oromoo caasaan waajjiraa Akkaadaamii Afaan Oromoo jalatti hogganama.

### 3.4 Caasaa Bulchiinsa Akkaadaamichaa

Akkaadaamiin Afaan Oromoo Akka dhaabbatuuf yaadame kun caasaa Bulchiimsa Qorannoo yuunvarsiitichaa Jalatti Ta'a. Dhimmi kun waan isa ilaallatuuf caasaa ofii jalatti Biiroo Akkaadaamii Afaan Oromoo hundeessee haala barbaachisu niguutaaf jedhamee eegama. Hojjetoota dhaabbatoo niqaxaraaf. Yuunvarsiitiin Waan barbaachisu niguuta. Daayirekteerri dhaabbatichaa walabaan hojii Akkaadaamichaa geggeessa. Daarekteera kan maddiittii qindeessitoonni (cordinators) wiirtuurra nijiraatu. Akkuma waliigalaatti, akadaamiin kun wiirtuwwan sadii (3) ofkeessatti hammata. Isaaniis:

1. Wiirtuu Qo'annoo


2. Wiirtuu Gulaalliifi Leenjii Gabaabaa

3. Maxxansa (Jornaalii)

Wiirtuun qorannoo damee 4 of keessaa qaba. Wiirtuun kun hojii qorannoo afaanii kallattii hundaa geggeessas. Dameewwan arfan:


- ✓ Qorannoofi qophii galmee jechoota Afaan Oromoo,
- ✓ Qorannoo Loogaafi Waaltina Afaan Oromoo,
- ✓ Qorannoo Caaslugaa Afaan Oromoo,
- ✓ Qorannoo barnoota AfaanOromoo

Wiirtuu calalliifi gulaalliis hojiilee wiirtuu qorannoo keessatti hojjetaman gulaalee qulqulleessuun wiirtuu mirkaneessuuf dabarsa. Wiirtuun Mirkaneessituunis (Language council center) hojiilee hojjetaman galma barbaadamanitti geessa. Hojii qorannoon keessa darbee dhufe qaama mootummaafi miidiyaa waamee murteen raggaasisa. Sana boodas, maxxansuun koraalee garagaraa hojjetee fayyadama hawaasaa mirkaneessa. Kunis marsaa asii gadiin agarsiifame:




**3.5 Caasaa Bulchiinsa Akkaadaamii Afaan Oromoo Dr. Hayilee Fidaa**






## 4. Wantoota Barbaachisan (resourse needed)

------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------

### 4.1 Humna namaa (Personnel)

--------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------

### 4.2 Leeccalloowwan (resourse)

--------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------

**Wabiilee**

Feyisa Demie (1996). “Historical Challenges in the Development of Oromo language and some Agenda for Future Research”. Journal of Oromo studies, Murfreesboro: Middle Tennessee state university Vo. 3 land 2 pp 18-25

Flowler, R. (1978).*Understanding Language*. London: Routledge and Kegan Paul Publisher

Makuria Bulcha (1992). “The Language Polices of Ethiopian Regimes and the History of Written Afaan Oromo.” 1844-1994. Journal of Oromo studies.

Pankhurst, R, (1996). “The Beginning of Oromo studies in Europe; Rome Reprited from Italia.” Africana, Vol. 31, No 2, PP. 171-206

Ghil‘ad Zuckermann (2008). "Realistic Prescriptivism": The Academy of the Hebrew Language, its Campaign of "Good Grammar" and Lexpionage1, and Native Israeli Speakers. Israel Studies in Language and Society (pdf).

Zuckermann, Ghil'ad and Walsh, Michael (2011). “Stop, Revive, and Survive: Lessons from the Hebrew Revival Applicable to the Reclamation, Maintenance and Empowerment of Aboriginal Languages and Cultures.” Australian Journal of Linguistics 31.1: 111-127.